

Rainier Beach-iin Beekamtuu Godhuu! Waamicha gara Dalagaa'a

Karoorra Dalagaa'a ka Tilmaama Rainier Beach-iin Woyyeessuu

Waamichii gara dalagaa'a kun barruu jijjiiramuu danda'u fi adadda hawaasaa fi Magaalan tilmaama naannoo'o hujii itti hiikaniin yeroo'o yeroo'otti woyyaayu. Dursuu'un asi-gadditti wonti tarreeffaman kunniin waan karoorra keessatti argaman keessaa hagoo. Isaan kun tilmaama Rainier Beach wogoota gababaa keessatti tarkaanfii irratti fudhatuu danda'u.

Naannoon Rainier Beach mana namoota addunyaa guutuu irraa dhufan ka afaan 60 ol dubbatanii- tti. Naannoowan Siyaattil keessaa baqataa fi godaantuun irra caalaa Rainier Beach jiraatan. Ummani Afrika'a ka Ameerikaa illee Rainier Beach-iin jireenaf filata. Garaagarummaan qabeenaa naannoo jabeesa. Dukkaanon (suuqiin) nyaata biyya garaa-garaa gurguran, Parkiwaan, fi eddoon dhaabata doonii ededaa haroo (lake) Washington fi dandiiwan tabbaa fi laggiin isii bareeda qaxxaamuran tu agrama. Naannoon kun baabura, mana-kitabaa, fi manniin-barnootaa ille qabdi.

Eddoo Nama Maraa – Quphatooni Rainier Beach ka turan fi dhiyoo galan illee bakka jireenna ta nagayaa qabdu, fayya'af taatu, fi humna namaa wajji adeemtu; bakkaa tajaajilii geejibaa jiru fi woltajjiin daldalaa itti argamtu qabaatu.

Tarkaanfii 1ffaa (fakkeenaaf) -- Nama hundaaf mana gaarii human namaa-tiin wol-simatu:

Naanayaa wol qixummaa qabu uumuu fi bakkaa buqqa'iinsa daraan diqeessuuf mana namni filatu ijaaruu fi ka jiruu midhaasni bakka nagayaa, fayyaa toltu, fi human wajji adeemtu argamsiisuu.



akka

Tarkaanfii 2ffaa – Naanaya cimaa fi ititaa aadaa adda-addaa calanqisiisu karoota Rose Street, 57th Ave S., Renton Ave S., fi Huderson-tti uumuu.

Naannoowan kuniin hawaasan achitti argamaniif barbaachisaa dha; meesholee fi tajaajila garagaraa ka aadaa isaani wajji adeemu qabu. Haata'u malee, akka laayotti bakkaa buqqa'un ni mala. Abbowan qabeenaa, hawaasa, fi mootummaan wajji dalaguun naanoofni kun jabaatu fi ititu godhuun ni danda'u.

Tarkaanfii 3ffaa (fakkeenaf) – Tajaajila baasaa tiif daandii baaburaa Rainier Beach gara ol-aanu fi naanayan keena sadiin ka daldala fi aadaa tiin wolitti fiduun akka daaw'atoon fi ummani achii jiraatu durummaa aadaa keena ka adda-addaa irraa caalaatti muxxannoo argatan godhuu.

Tarkaanfii 4ffaa (fakkeenaf) – Wol qixummaa barattoota gara gattii geejibaa irraa namaa bu'uu, nagayaan deemanii galuu, fi yowaan mana-barnootaa gayuu ilaalchisee godhamu woyyeessuu.

Barumsa Jiruu Guutuu'u – Rainier Beach mana jaarmayoota barnootaa ka ummata fi dhuunfaa qofa osoo hin taa'ne bakka nama 5000 achii jiraatuu mara barsisuuf dandheetii qabdu . Rainier Beach guutuu biyyatti bakka (Zip Code) irraa caala aadaan adda-addaa keessatti argamtu waan taateef ummani achi galu durummaa aadaa'a kana calanqisiissa. Itti yaadamee yoo hawaasn gara mana-barnootatti kaleefame manni-barnoota fi naannoon illee akka guddatu godhuu ni dandama.

Tarkaanfii 1ffaa (fakkeenaf) – Barnoota fiixa Bayyu Ijoollee Maraaf:

Worri ijoollee, sagantoleen dargaggeyyii, dhaabileen hawaasaa, dhaabileen aadaa'a, fi jaarmoni amantii'i wajji dalaguun ijoolleen Rainier Beach akka ful-duree iftuu qabaatan godhu.

Tarkaanfii 2ffaa (fakkeenaf) – Woltajii Aadaa garaagaraa Ka Martuu

Qooda Keessaa Qabu Uumuu: Eddoo dhaabileen hawaasaa osoo aadaa'an hin daangefamin wolitti dhufuun nama isaanii tajaajilu fi waan isaan yaadesu irratti woliin marii'atan argamsiisuu. Bakkii tun lafa namni (dargaggoo fi mangudoon) bakka hunda irraa dhufan aadaa isaanii itti mul'isan, itti uf jabeesan, fi wol diqeessuuf waan hin taanee wolitti maxanssuu irra darbanii karaa biroo ka wol hubataniin uuman.



Rainier Beach-iin Beekamtuu Godhuu! Waamicha gara Dalagaa'a

Karoorra Dalagaa'a ka Tilmaama Rainier Beach-iin Woyyeessuu

Industrii Nyaata Fayyaa ta'u Horatuuf, Midhaan/Nyaata Oomishuu – Rainier Beach qonna magaalaa'a tiif godina worshalee xixiqqoo isii wolitti qabuun handhuura oomisha qonnaa ta'uuf hirree/carraa addaa qabdi.



Tarkaanfii 1ffaa (dalagaama'a jira) – Qonni magalaa fi project-iin caffaa Rainier Beach ka eekara (acares) 10 ta'u, lafa asiin-dura waa itti biqilchan ta Atalantic City Nursery jechamtutti argamu, heree oomisha qonnaa heddu keennuu, hulaa barnoota qonnaa ka keemikaala hin qabnee, muuxanoo nyaata aadaa adda-addaa, barumsaa dargagoo, tiif leenjii dalagaa'af nama qopheesitu ni taatti.

Tarkaanfii 2ffaa – Nyaani dalagaa uuma; nama wolitti hidhaa. Sirna biroo ka nyaani nama itti dhaqabuun, dalagaa, fi akkaataa nyaani aadaa adda addaa itti qophaayu kabaju uumuu. Ummani nanoo jiraatu akkaataa nyaani itti qophaayu, hundee nyaata sanii, tiif dhiyannumma isaa ilaalchise barumsa akka argatan godhama. Dalagaa haarawan fi waan mishaa nyaatamu heddu qabaatuu!

Tarkaanfii 3ffaa – Rainier Beach juddu-galeetti ogummaa oomisha qonnaa ka dinaggee fuul-dureetti. Godini worshalee xixiqqaa'a karaa *Martin Luther King Jr. Way* S irraa ta'uun, akka laayotti baabura fi karaa *I-5* tti fayadamuu danda'uun Rainier Beach-iin utubddu uumaama waan haarawaa isii godha.

Bakka Bareeduu, Nagaya Qabeettii – Bareedummaa'an naannoo jabeesun dalagaa 72% ummataa dabla; akkanuma, yoo hundii keena wol-taane naanao keenatti gad-baane, wol-baratuuf hiree qabna. Karoori dalagaa kun naannoo keena keessatti eddoowan woyyayuu barbaachisan ka akka ibsaa karaa, bakka karaa itti ce'an malkateessu, fi art-ii ummataa ilaala. Tataafiin kunnin sochii nageena ummataa ilaalchise godhamu wojji adeema.

Tarkaanfii 1ffaa (dalagaama'a jira) – Waan gaarii gaarummaa wonta biroo ittin madaalan: Daaw'iif Rainier Beach keessa adeemsi seenaa naannoo, aadaa, fi oduu seenaa qabdu mul'isa. Akkanuma, miseensota hawaasaa odeeffannoo wayee akkaataa naannoo itti guddisan- niin wolitti hidha.

Tarkaanfii 2ffaa (fakkeenaf) – Tokkummaa namoota naannoo keennaatti dhimma/waayee nagayaa ummataa tiif dhaabatan wolitti fidnee ijaaruun woltaanee tilmaama hawaasaa bal'aa tti dhimma bayyuun cubuu (wonjala) Rainier Beach keessatti mul'atu 20% gad-buusuu.

Tarkaanfii 3ffaa (fakeenaaf) – Akaataa hayyama magaalaa Siyaattil itti keennitu woyyeessuun ijaarsa fi midhaagina magalaa akka itti sufuu jajabeessuu.



DABALATA ODEEFANNOO TIIF

Wayee Tilmaama Rainier Beach Ilaalchisee:

<http://www.seattle.gov/neighborhoods/np/plans.htm> (naannoo keessan waan mul'isu filadhaa).

Wayyee Woyyaayinna Tilmaama Rainier Beach-iif:

[http://www.seattle.gov/dpd/Planning?Neighborhood Planning/NeighborhoodPlanUpdates/default.asp](http://www.seattle.gov/dpd/Planning?Neighborhood%20Planning/NeighborhoodPlanUpdates/default.asp)